Waggaa 10ffa... ....................Lakk. 5
፲ኛ ዓመት ............................................ ቁጥር ፭
10th year-............................................--No.5

Finfinnee, Waxabajjii 15/1993
ፊንፊኔ ሰኔ ፲፭ ቀን ፲፱፻፺፫
Finfine, June 22th 2001

# MAGALATA OROMIYAA
# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
# MEGELETA OROMIA

| Gatiin Tokkoo ......................5.85<br>ያንዱ ዋጋ ...................... ''<br>Unit Price ...................... '' | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa .................. 101769<br>የፖ·ሣ·ቁጥር ...................... ''<br>P.O.Box ...................... '' |
|---|---|---|



| QABEENTAA | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| Dambii Lakkoofsa 28/1994<br>Dambii Waajjira eegumsa naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe Lakk. 28/1994<br>...................... fuula 1 | ደንብ ቁጥር ፳፰/፲፱፻፺፬<br>"የኦሮሚያ የአካባቢ ጥበቃ ጽ/ቤት ማቋቋሚያ ደንብ ቁጥር ፳፰/፲፱፻፺፬ የወጣ ደንብ<br>...................... ገጽ ፩ | Regulations No. 28/2002<br>Regulation for the Establishment of Oromia Environmental Protection office No. 28/2002<br>...................... Page 1 |


Dambii Waajjira eegumsa naannoo Oromiyaa Hnudeessuuf Bahe

Baballinni hazbummaa, faallayuu madaala naannoo fi akkaataan eegumsa Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa irratti argamu daran yaaddessaa ta'aa waan dhufeef,

Qulqullina naannoo fi umamaatiif eegumsi barbaachisu godhamee dhaloota dhufuuf akka darbu imaammataa fi seera mootummaan baase qaama hordofuu fi to'atu gurmeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef, Akkaataa Heeraa Mootummaa keewwata 55(6) tiin dambiin kanatti aanu baheera.

1. *Mata Duree Gabaabaa*

   Dambiin kun "Dambii Hundeessa Waajjira Eegumsa Naannoo Oromiyaa Lakk. 28/1994" jedhamee waamamuu ni danda'a.

<u>የኦሮሚያ የአካባቢ ጥበቃ ጽ/ቤት ማቋቋሚያ ደንብ</u>

የአካባቢ ብክለት መስፋፋት፣ የአካባቢ ሚዛን መዛባትና የኦሮሚያ የአካባቢ ጥበቃ ሁኔታ እጅጉን አሳሳቢ እየሆነ በመምጣቱ፤

ለአካባቢና ለተፈጥሮ ደህንነት አስፈላጊው ጥበቃ ተደርጎ ለመጪው ትውልድ እንዲተላለፍ መንግሥት ያወጣቸውን ፖሊሲዎችና ህጎች ተግባራዊነታቸውን የሚከታተልና የሚቆጣጠር አካል ማቋቋም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በክልሉ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፭ (፮) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል።

፩· <u>አጭር ርዕስ</u>

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ የአካባቢ ጥበቃ ጽ/ቤት ማቋቋሚያ ደንብ ቁጥር ፳፰/፲፱፻፺፬ ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

Regulation for the Establishment of Oromia Environmental Protection office.

WHEREAS, environmental pollution, disturbance of ecological balance and environmental degradation in Oromia is fund at an alarming stage.

WHEREAS, it has become necessary to establish a body responsible for the protection of nature and environment to be bequeathed to the future generation and monitoring of the proper implementation of Govemment policies and laws on environment.

NOW, THEREFORE, in accordarce with Art. 55 (6) of the constitution of Oromia Regional National State, it is hereby proclaimed as follows:

1. *Short title*

   This Regulation may be cited as the 'Regulation for the establishment of Oromia Environmental Protection Office No. 28/2002'.

2. *Hiika*

Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan kannisiisuuf yoo ta'e malee, dambii kana keessatti;

1) "Eegumsa Naannoo" jechuun qabeenyi naannoo kamiiyyuu osoo miidhaan irra hin geenye, hin hazboofnee fi hin xuroofne kunuunfamee haala itti fufiinsa qabuun akka faayidaa kennu to'achuu dha.
2) "Ikonomiksii Naannoo" jechuun qorannoo diinagdee kan misoomni kamiiyyuu akkaataa fedhiin ilma namaatii fi sirni ikoloojii walmadaaleen geggeeffamaa jiraachuu isaa mirkaneessuu dha.
3) "Miidhaa" jechuun misooma geggeffamu kamiiyyuu keessatti hubaatii qabeenya naannoo, fayyaa ilma namaa fi sirna Ikoloojii irra gayu kamiiyyuu jechuudha.

3. *Hundeeffama*

Waajjirri Eegumsa Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Waajjira" jedhamee kan waamamuu mannii hojii mootummaa qaama seerummaa qabu dambii kanaan hundeeffameera.

4. *Ittiyaamama*

Ittiyaamamni waajjirichaa Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

5. *Teessoo Waajjirichaa*

Teessoon Waajjirichaa teessoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'a.

6. *Aangoo fi Hojii Waajjirichaa*

1) Imaammata, tarsiimoo, Sagantaa yookiin qajeelfama eegumsa naannoo qopheessee mootummaaf ni dhiyeessa; yoo hayyamames hojiirra ooluu isaa ni hordofa.
2) Hojiin misoomaa gaggeefamu kamiiyyuu miidhaa naannoorratti haala hin geessifnee fi madaala naannoo akkaataa hin faallessineen karoorfamuu fi raawwatamuu isaa ni to'ata, ni hordofa.
3) Eegumsa naannoo ilaalchisee seerotaa fi qajeelfamoota mootummaadhaan bahuu qaban ni burqisiisa. ennaa hayyamamanis hojiirra oolmaa isaanii ni too'ata, ni gamaggama.
4) Iddoon jireenyaa lubbu qabeeyyii adda addaa garmalee miidhamee jireenya isaaniirratti balaa akka hin qaqqabsiisne ni to'ata.

፪· ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ የተለየ ትርጉም የሚያሠጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ

፩· "አካባቢ ጥበቃ" ማለት በማንኛውም የአካባቢ ሀብት ላይ ጉዳት ሳይደርስ፣ ሳይበከል ተንከባክቦ ዘላቂነት ባለው መልኩ ጥቅም እንዲሰጥ መቆጣጠር ነው።
፪· "የአካባቢ ምጣኔ" ማለት የምጣኔ ጥናት ሆኖ ማንኛውም ልማት የሰው ልጅ ፍላጐትና የኢኮሎጂ ሥርዓት በማጣጣም መካሄዱን የሚያረጋግጥ ነው።
፫· "ጉዳት" ማለት በሚካሄደው ልማት ውስጥ በአካባቢ፣ በሰው ጤናና በኢኮሎጂ ሥርዓት ላይ ሊደርስ የሚችል ማንኛውም አሉታዊ ተፅዕኖ ማለት ነው።

፫· ማቋቋም

የኦሮሚያ የአካባቢ ጥበቃ ጽ/ቤት ከዚህ በኋላ "ጽ/ቤት" ተብሎ የሚጠራና ህጋዊ ሰውነት ያለው የመንግሥት መ/ቤት በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።

፬· ተጠሪነት

የጽሕፈት ቤቱ ተጠሪነት ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ፕሬዚዳንት ይሆናል።

፭· ጽ/ቤቱ የሚገኝበት ቦታ

የጽ/ቤቱ ዋና መ/ቤት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር የሚገኝበት ይሆናል።

፮· የጽ/ቤቱ ሥልጣንና ተግባራት

፩· ፖሊሲዎችን፣ ስልቶችን፣ የድርጊት መርሃ ግብሮችን ወይም የአካባቢን ጥበቃ መመሪያዎችን አዘጋጅቶ ለክልሉ መንግሥት ያቀርባል፣ ሲፈቀድም በተግባር ላይ ያውላል። በሥራ ላይ መዋላቸውንም ይከታተላል።
፪· ማንኛውም ልማት በአካባቢ ላይ አሉታዊ ተፅዕኖ ሳያሳድር የአካባቢን ሚዛን በማያዛባ መልኩ መታቀዱንና ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል።
፫· አካባቢ ጥበቃን አስመልክቶ መውጣት የሚገባቸውን ሕጐችና መመሪያዎችን ያመነጫል፣ ሲፈቀድም ሥራ ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራል፣ ይገመግማል።
፬· የሥነ ፍጥረታት መጠለያዎች ላይ ጉዳት ደርሶ አደጋ ላይ እንዳይወድቁ ይቆጣጠራል።

2 *Definition*

In this Regulation, unless the context requires otherwise;

1) "Environmental protection" means the protection of any environmental resources from damage, pollution, and hazardous wastes for its sustainable utilization;
2) 'Environmental Economics' means an economic study which justifies that any development is going on in accordance with human interest and ecological balance;
3) 'Damage' means in any development activity any disturbance of the environmental resource that may affect human health and the ecosystem.

3. *Establishment*

Oromia Environmental Protection Office (here in after referred to as the 'Office') is hereby established as a legal govemmental office pursuant to this Regulation.

4. *Accountability:*

The Office shall be accountable to the President of the Regional National Goverment of Oromia.

5. *Head office*

The Office shall have its head Office in the capital city of the Regional Government of Oromia.

6. *Power and duties of the office*

1) Formulate policies, strategies, programmes or guidelines pertinent to environmental protection and follow up its implementation upon approval;
2) Regulate and follow up that any development activity is planned and implemented without damaging the environment and disordering its balance.
3) Initiate laws and guidelines pertinent to the environmental protection for the govemment, and upon approval regulate, follow up and evaluate their implementation.
4) Monitor any damaging effect, on habitats and divers living organisms.

5) Warshaalee fi industroota jiran irraa kan bahan dhangala'aa fi gataawwan summii qaban uumama naannoo irratti miidhaa akka hin qaqqabsiisne ooditii naannoo ni gaggeessa.
6) Haala isaanii irraa kan ka'een qaamota birootiif seeraan kan kenname akkuma eegametti ta'ee haffteen oomishaa warshaalee adda addaa fi hazbaan magaalota keessaa bahu naannoo sirna ikoolojii akka hin xureessine ni to'ata, tarkaanfii sirreessa barbaachisaas ni fudhata; ni fudhachiisa.
7) Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa irratti hundaa'uudhaan madaala sadarkaa naannoo ni qopheessa; qaamota dhimmi ilaaluun hojiirra ooluu isaas ni to'ata.
8) Ragaa ikoonoomiiksii naannoo ni sassaaba; ni gurmeessa; ni xiinxala; akka hojii irra oolu ni godha.
9) Eegumsa naannoorratti hawaasni fi qaamni ilaallatu hubannoo barbaachisaa ta'e akka argatan ni taasisa.

7. *Gurmaawina*

Waajjirichi gurmaawina armaan gadii ni qabaata:

(a) Piresidaantichaan dhiyaatee Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin kan muudamu hoogganaa tokkoo fi
(b) Hojjettoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.

8. *Aangoofi Hojii Hoogganaa Waajjirichaa*

Dambii kana keessatti keewwata (6) irratti aangoofi hojii waajjirichaaf kenname hojiirra oolchuutti dabalatee, hoogganaan waajjirichaa aangoo fi hojii kanatti aanan ni qabaata;

(a) Waajjiricha humna namaa fi meeshaadhaan ni gurmeessa;
(b) Caasaa, baajataa fi Karoora hojii waajjirichaaf barbaachisu qoratee qaama ilaalutti ni dhiyeessa; ennaa hayyamames hojiirra ni oolcha;
(c) Akkaataa seera hojjettoota mootummaatiin hojjettoota ni qaxara, ni bulcha;
(d) Waajjiricha ni hooggana, bakka bu'ees qaama biroo wajjin walitti dhufeenya hojii gochuudhaan waliigaltee ni raawwata.
(e) kutaaleen adda addaa waajjirichaa dirqamaa fi ittigaafatama isaaniif kenname haalaan bahuu isaanii ni hordofa, ni to'ata;
(f) Gabaasa raawwii hojii fi herrega waajjirichaa qopheessee ni dhiyeessa.

፭· ከፋብሪካዎችና ኢንዱስትሪዎች የሚለቀቀው ፈሳሽ ቆሻሻማና መርዛማ ንጥረ ነገሮች በተፈጥሮ አካባቢ ላይ ተፅዕኖ እንዳያደርሱ የአካባቢ ኦዲት ያካሂዳል።
፮· ከባህሪያቸው የተነሳ ለሌሎች አካላት በሕግ የተሰጠው እንደተጠበቀ ሆኖ የልዩ ልዩ ፋብሪካዎች ተረፈ ምርትና ከከተሞች የሚለቀቁ ቆሻሻዎች አካባቢንና የኢኮሎጂ ሚዛን እንዳያዛቡ ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊውን የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ ያስወስዳል።
፯· የኦሮሚያን ተጨባጭ ሁኔታ መሠረት በማድረግ የአካባቢ ደረጃዎችን ያዘጋጃል። በሚመለከታቸው አካላት ተግባራዊ መሆናቸውን ይቆጣጠራል።
፰· የአካባቢ ምጣኔ መረጃዎችን ይሠበስባል፤ ያደራጃል፤ ይተነትናል፤ ሥራ ላይም እንዲውሉ ያደርጋል።
፱· በአካባቢ ጥበቃ ላይ ኅብረተሰቡና የሚመለከታቸው አካላት ሁሉ በቂ ግንዛቤ እንዲያገኙ ያደርጋል።

፯· አደረጃጀት

ጽ/ቤቱ ከታች የተዘረዘሩት አደረጃጀት ይኖረዋል።

ሀ) በፕሬዚዳንቱ አቅራቢነት በክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት የሚሾም አንድ ኃላፊና
ለ) አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች ይኖሩታል።

፰· የጽ/ቤቱ ኃላፊ ሥልጣንና ተግባር

በዚህ ደንብ አንቀጽ (፮) ሥር ለጽ/ቤቱ የተሠጠውን ሥልጣንና ተግባር በሥራ ላይ ማዋልን ጨምሮ የጽ/ቤቱ ኃላፊ ከዚህ በታች የተጠቀሱትን ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል።

ሀ) ጽ/ቤቱን በሰው ኃይልና በቁሳቁስ ያደራጃል።
ለ) አስፈላጊውን የጽ/ቤቱን መዋቅር በማጥናት፣ ባጀትና ዕቅድ በማዘጋጀት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል።
ሐ) በመንግሥት ሠራተኞች ሕግ መሠረት ሠራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል።
መ) ጽ/ቤቱን ይመራል፤ በመወከልም ከሌሎች አካላት ጋር የሥራ ግንኙነት በማድረግ ስምምነት ያደርጋል።
ሠ) የተለያዩ የጽ/ቤቱ የሥራ ክፍሎች የተሠጣቸውን ግዴታና ኃላፊነት መወጣታቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል።
ረ) የጽ/ቤቱን የሥራ አፈጻጸምና የበጀት ሪፖርት ያቀርባል።

5) Undertake environmental Auditing on the manner of liquid and toxic wastes disposal management by factories and industries so that it may not damage the environment.
6) Without prejudice to the authority given to the other organs, under other laws owing to their specific nature, Regulate & supervise waste disposals from different industries and urban pollutants not to affect the environment and the ecosystem, and take corrective measures if so happened.
7) Based on the objective situation of the Region, prepare Environmental standards; and regulates its implementation by the respective bodies.
8) Collect, organize and analyse environmental economic data, and make use it or avails it for use.
9) Promote public and concerned organs awareness on the environmental issues.

7. *Organization*

The office shall have the following organization:

a) The Head appointed by the President of the Regional Government and approved by the Council of the Region.
b) Other necessary staff.

8. *Power and duties of the Head of the Office*

In addition to implementation of the power and duties of the office stated under Article (6) of this Regulation, the head of the office shall have the following power and duties:

a) organize the office with man power and material.
b) study and present the organizational structure, budget and work plan of the office to the respective organ and implement upon approval.
c) employ and administer employees in accordance with civil service laws.
d) direct, administer and represent the office; deal and perform agreements with third parties.
e) regulate and follow up various sections of the office that they are properly performing their duties and responsibilities.
f) prepare and submit the performance and financial report of the office.

(g) Akkuma barbaachisummaa isaatti aangoo seeraan kennameef irraa bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a. Bakka bu'iinsichi yeroo ji'a tokko caaluuf yoo ta'e Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatti beeksisuu qaba.

(h) Hojiilee biroo seeraan kennamaniif ni raawwata.

9. *Baajata*

Baajatni waajjirichaa:

1) Mootummaa naannootiin kan ramadamu.
2) Gargaarsaa fi galii adda addaa ni ta'a.

10. *Sanadootaa fi Galmeewwan Herregaa*

1) Waajjirichi sanadaa fi galmee herregaa guutuu ni qabaata.
2) Sanadoonni fi galmeewwan waajjiirichaa Oditara Ol'aanaa naannichaatiin yookiin oditara inni bakka buusuun waggaa waggaadhaan odiitii ni godhama.

11. *Yeroo dambiin kun Hojiirra Itti oolu.*

Dambiin kun Waxabajjii 19/1994 irraa eegalee kan hojiira oolu ta'a.

Finfinnee Waxabajjii 19/1994

Juneeyidii Saaddoo
Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa
Naannoo Oromiyaa

ሰ) እንደአስፈላጊነቱ በሕግ በተሠጠው ሥልጣን መሠረት ውክልና ሊሰጥ ይችላል። የውክልናው ጊዜ ከአንድ ወር በላይ ከሆነ የክልሉን መስተዳድር ፕሬዚዳንት ያሳውቃል።

ሸ) ሌሎች በሕግ የተሰጡትን ሥራዎች ያከናውናል።

፱· <u>በ ጀ ት</u>

የጽ/ቤቱ በጀት

፩) በክልሉ መንግሥት የሚመደብ

፪· እርዳታና ልዩ ልዩ ገቢዎች ይሆናል።

፲· <u>ሰነዶችና የሂሳብ መዛግብት</u>

፩) ጽ/ቤቱ ሙሉ ሰነድና የሂሳብ መዛግብት ይኖረዋል።

፪) የጽ/ቤቱ ሰነዶችና መዛግብት በክልሉ ዋና ኦዲተር መ/ቤት ወይም እርሱ በሚወክለው ኦዲተር በየዓመቱ ኦዲት ይደረጋል።

፲፩· <u>ደንቡ የሚፀናበት ጊዜ</u>

ይህ ደንብ ከሰኔ ፲፱ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ·ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ ሰኔ ፲፱ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ·ም

ጁኔይዲ ሳዶ
የኦሮሚያ መስተዳደር መንግሥት
ፕሬዚዳንት

g) where necessary, may delegate his legal authority. If the delegation exceeds a period of one month, the President of the Regional Govemment shall have to be duly notified.

h) Perform other activities entrusted on him by law.

9. *Budget*

The budget of the office shall be drawn from:-

1) budgetary allocations by the Regional Govemment
2) aid and any other sources.

10. *Book accounts and Financial Documents*

1) The office shall have complete and accurate books accounts.
2) The accounts and financial documents of the Office shall be audited annually by the Auditor General of the Region or by auditlors designated by him.

11. *Effective Date of the Regulation*

This Regulation shall enter into force as of the 26th day of June 2002.

Finfinne 26th June 2002

Juneydi Sado
President of the Regional
Govemmeht of Oromia

ብርሃንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት ታተመ
BERHANENA SELAM PRINTING ENTERPRISE